Oromo | Afaan Oromoo


Adoolessa/Hagayya 2026

homes victoria

BIG HOUSING BUILD

# Noorz Melboorn

Odeeffannoo haaraa Hawaasaaf



## Giddugalli jijjiirraa jiraattota 159 Melrose St'f banaadha

Jiraattonni bakka biraatti jijjiiran dhufanii mana kitaabaa 159 Melrose St jiru keessatti qondaala jijjiirraa waliin Roobii hunda galgala sa'aatii 10-12 gidduutti haasa'uu danda'u.

Jiraattonni bakka biraatti jijjiiran karaa imeelii ykn bilbilaatiinis qondaala jijjiirraa keessan qunnamuu ni danda'u.

Hojjetaan deebisanii qubsiisuu keetii fedhii kee hubachuuf si waliin hojjeta. Si fi deeggartoota siif tahan wal qunnamsiisu.

Yeroo ati qophooftetti, gara siif mijatutti si godaansuuf si gargaaru.

## Melrose Striit yeroo deebisanii qubachuuf qabame

### Guraandhala 2026

Karoora kana jalqabuuf kan nu gargaaran jiraatota 300 caalan irraa odeeffannoo waliif qoodame dhageenyee jirra.

### Caamsaa 2026

- Koreen Hariiroo Hawaasaa (Community Connector Committee) gaaffii gaafachuu fi odeeffannoo waliif qooduuf wal-gahii ni qabaatu.
- Odeeffannoo kennuufiin kan jiraatotaa, maatii fi saayibbanii itti fufa.
- Jiraatota gargaarsa dabalaa barbaadaniif daandiin Fayyaa Gaarii (Better Health Network) ni jira.

### Adoolessa 2026

- Qondaaltonni jijjiirraa of kennanii jiraattota bira dhaqqabuun haasawa jalqabaa diriirsuutti jiru.
- Yeroo itti dhihaatu wiirtuun bakka biroo qubsiisuu gargaarsa kennuuf ni banamu.
- Jiraatoti manneen naannoo isaanii jiran fakkeenyaaf naannawaanii do'atu.

### Bara 2026 gara dhumaa

Manneen haaraan naannoo keessatti ijaaramani xumuramanii jiraatota bakka biroo qubsiisamaniif kennamu.

### Guraandhala 2028

Jiraatoti hundi bakka biroo qubsiisamu.

## Wal-quba qabeenya qabaachuu


Sagantaalee odeeffannoo

Dubdeebii Gorsaa

Odeessa haarayaaf galmaawaa

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/north-melbourne-precinct



qorqora hawaasotaa kan **Homes Victoria irratti nu hordofaa**



### Wiirtuulee deebisanii qubsiisuu Melrose Striit irratti banamu

Hojjetoota deebisanii qubsiisuu dubbisuuf jiraattonni yeroma fedhetti dhufuu danda'u

### Bankik Striit gardens amma banaa dha

Madabiileen oyruu 33 Alfred St irraa dhufan Oyruu Hawaasaa Bankil Stiriit keessa qubataniiru.

### 76 Kaniing St irratti hojiiwwan gurguddaan dhumachuutti dhihaataniiru

Hojiin suphaa sadarkaalee gamoolee hundaa keessatti geggeeffamaa jiru.

Mootummaa Viktooriyaa, 1 Tresherii Plees, Melbourne. © Naannoo Viktooriyaa irraa kan hayyamamee fi maxxanfame, Hooms Viktooriyaa, Adoolessa 2026. (HV021026). Finsbury Green, Melboorn Viktooriyaa, 3000 tiin kan maxxanfame.

More Homes For Victorians

VICTORIA State Government

Hooms Viktooriyaan namoota Aboorijiinaal fi Torres Strait Islander akka Eegdota Aadaa lafichaatti beekamtii kan kennu yoo ta'u, Maanguddoota isaanii, kan durii fi kan ammaa, beekamtii fi kabaja kenna.

# Noorz Melboorn keessatti maaltu tahaa jira

## Adoolessa/Hagayya 2026

### 159 Melrose Striit

**Jiraattota yeroo kana deebi'anii qubachaa jiran**

Wiirtuun deebisanii qubsiisuu amma jiraattota 159 Melrose Striit banaa dha.

Roobii yeroo hundaa koottaa hojjetaa deebisanii qubsiisuu waliin mana dubbisaa keessatti maryadhaa.

### 33 Alfred Striit

**Jiraattota yeroo kana deebi'anii qubachaa jiran**

**Hojiiwan**

Adoolessa 20 irraa qabee, bakkoota duwwaa fi sadarkaa sadarkaan jirurratti qorannootu geggeeffama.

Yeroo kanatti sagalee dhowinsaa gaggabaaboo dhageessa

**Yeroo hojii kanatti sa'aatii 9 waaree dura irraa qabee sadarkaa sagalee jeequmsaa ni safarra**

Itti fufeera:

- Manneen waliinii onan akka nageenya qabaatan mirkaneessuu
- Wantoota bubuqqa'uu qaban manneen onfaman keessaa kaasuu

**Hojii konkiriitaa**

- Nageenya jiraattotaa mirkaneessuuf naannoo daandii waliinii fi sadarkaa alaa konkiriitii fooyyessaa jirra.
- Gamoolee keessoo fi alarratti hojjetoota arguu malta.
- Yeroo kanatti jijjiirraan daandii miilaa fi danqaraawwan yeroodhaf jiraachuu malan.
- Karaan gara manaa keessu yoomuu ni eegama




### 12 Sutan Striit

**Fuulduratti irra deebiin misoomsuu**

- Haaressi manaa barbaachisaa tahe Ebla 2026 irraa hanga Mudde 2026 gaggeessama
- Hojjetoonni gidaarota gama alaan jiran qunnamuuf waltajjii lafaa fayyadamu
- Hojjetoota koriidaroota, sadarkaalee fi kutaa gogsistuu keessatti

### Hojiiwan

- Biyyee fi tajaajiloota lafa jalaa qorachuuf Adoolessaa fi Hagayya keessa hojiin hangi tokko ni jiraata

### 76 Canning Striit

**Fuulduratti irra deebiin misoomsuu**

- Adoolessa giddu galarraa eegalee sadarkaawwan haaromsuun gamoo hunda keessatti taha.
- Maaloo mallattoolee kutaa liftii fi balbala sadarkaa irratti mul'atan hordofaa bakka nagaadhaan deemuun isin barbaachisu ga'a. ▶

### Bakka Biqiltuu Hawaasaa Bunkil Striit

Madabni oyruu biqiltootaa amma banaa jiru.

Dalagaan keenya sa'aa hojii beekamaa kan Gumii (Council's standard work hours) gaggeeffama:

**Wixataa hanga Jimaataatti**
Waaree dura sa'aatii 7 hanga
Waaree booda sa'aatii 7 gidduutti

**Sanbata duraa**
Waaree dura sa'aatii 9 hanga
Waaree booda sa'aatii 3 gidduutti

Jiraattota odeessa dabalataa barbaadaniif waajjira manneenii ganda keetii dubbisi:

📞 1300 360 462

✉ northmelbourne.housing@dffh.vic.gov.au

Yeroo tokko tokko sa'aa hojii keessaa ala hojjechuuf yeroo barbaachisu hayyama gumii gaafanna garuu yoo akkas kan tahu tahe jiraatota ni beeksisna.

Hojiileen hundi sadarkaa nageenyaa fi ulaagaalee seeraa olaanaa ta'een kan raawwatamanidha.

## Bakka 33 Alfred Striit maaltu akka tahaa jiru

**Yeroo jiraatoti manneen kana keessa jiraataa jiranitti manichi hin diigamu.**

### 1. Caalaatti barachuu fi nageenya wantootaa eeguu

- Nageenya manneen waliini onanii mirkaneessuu
- Nageenya meeshaalee mirkaneessuuf dirree hojii fi gamoolee qorachuu
- Suphaa idilee itti fufuu

### 2. Qophaa'uu

- Nageenyaaf kan oolan dirree hojii fi mallattoolee tolchuu
- Walquunnamtii tajaajilaa sakatta'uu
- Nageenya miilaan-deemtota, konkolaataalee fi bakka dhaabbii konkolaataa mijeessuu
- Ijaarsa manichaa jabeessuuf keessi isaa kan hojjetamu

### 3. Diiguu

- Ijaarsa hojii guutuu
- ijaarsa keessoo manaa xumuruu
- Tartiiba eeggannoon guutameen gamoolee gad jigsuu
- Yeroo yeroon hawaasaaf odeessa kennuu

Afaan keessan dabalatee odeeffannoo dabalataaf marsaa itti aanu daaw'adhu: **homes.vic.gov.au/ information-in-your-language**

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami:

✉ **enquiries@homes.vic.gov.au**